# SAFARTUU IJOO QULQULLINAA FI GAAFATAMUMMA HOJII NAMOOMAA

CAFOD Just one world
SCIAF for a just world
Trōcaire Working for a just world.
CST Working Together

Maxxansaan: CHS Alliance, Groupe URD fi Piroojektii ‘Sphere’.

Maxxansi Jalqabaa: 2014

ISBN: 978-2-8399-1564-9

© Mirgi hundi seeraan kan eegame.  Qabiyyee qajeelfama kanaaf mirga abbummaa guutuu kan qaban CHS Alliance, Groupe URD fi piroojektii  ‘Sphere’ jedhamani. Qajeelfamni kun amma faayidaa barnootaaf (leenjii, qu’annoo fi hojiilee sagantaa dabalatee) ooleef, Safartuu Ijoon Qulqullinaa fi GaafatamummaaGaafatamummaa Hojii Namoomaa kanaa f beekkamtiin kennamee irra deebi’ee qophaa’uun ni mala...Safartu Ijoo kana guutumatti yookin gar-tokkee isaa Ingiliffa irraa afaan biraatti hiikuuf yookan haala ofiin walsimsiisanii fayyadamuuf, duursanii heeyyama barreeffamaa karaa teessoo imeelii: info@corehumanitarianstandard.org jedhuun gaafatanii argachuun dirqama ta’a.

**NATIONAL PARTNERS IN ETHIOPIA:**

Hiikni Afaan Oromoo CHS kun, dhaabbattootni mitmootummaa CST Working Together, Action Aid, Christian Aid, Concern WW, Tearfund fii OXFAM projectii walii galaan raawataniif  ‘Shifting the Power through Building the Capacity of Local Organizations’ jedhamu jalattii dhaabbattoota biyya keessaa fi qaamota uummataaf dhiheenyaan gargaarsa namoomaa kennaniif akka fayadu qopaa’e .

Dhaabbattoota hiika CHS kana raawachiisan dabalataan koreen Inter Agency Accountability Working Group (IAAWG) hiika kana irraa deebiin ilaaluun akkasumas irra caalaatti ciimsuun gahen isaan tap’atan guddaa dha.

2017

# Seensa

Safartu Ijoon Qulqullinaa fi GGaafatamummaa Hojii Namoomaa irratti xiyyeeffate kun kallattiidhaan bu'aa Sagantaa Safartuuwwan gamtaa (Joint Standards Initiative) yammuu ta'u, kan qopheesses garee gamtaa dhaabbilee 'Humanitarian Accountability Partnership (HAP) International', 'People In Aid' fi Piroojektii 'Sphere' jedhaman hundeessaniini. Kaayyoon garee gamtichaas qaamoleen Safartuuwwan hojii namoomaa fayyadaman, Safartuuwwan walfakkaataaniifi hojiif mijatan akka qabaatan gochuu dha. Sagantaan Safartuuwwan gamtaa kunniin qajeelfama kana qopheessuuf, hojjettoota gargaarsa namoomaa 2,000 ol kanneen waajjiraalee mummee, waajjiraalee naannolee fi biyyoota balaaf saaxilamoo ta'an keessa hojjetan mariisiseera. Deebiiwwan walitti qabamanis, Safartuuwwan hojii namoomaa duraan turan, keessa-deebi'anii hawaasaa fi namoota balaan miidhaman giddu-galeessa godhachuun akkasumas qajeeltoowwan (piriinsipiloota) hojii namoomaa bu'uureffachuun walsimsiisuu akka barbaachisu agarsiisan.

Safartuu Ijoon Qulqullinaa fi Gaafatamummaa Hojii Namoomaa, irratti xiyyeeffate kun bu'aa dhamaatii ji'oota 12 ti. Yeroo kana keessatti mariin sadarkaa sadi adeemsisameera. Marii kanarrattis, hojjettoonni gargaarsa namoomaa, hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, dhaabbileen Miti-mootummaa fi neetworkoonni dhibbaan lakkaawwaman, mootummoonni biyyoota adda addaa, Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii fi dhaabbileen gargaarsa arjooman akkasumas haayyoonni dhaabbilee barnootaa, qabiyyee istaandaardichaa ofeeggannaa cimaan kan xiinxalan yammuu ta'u, sadarkaa waajjiira muummee fi sadarkaa dirreetti illee qabatamaan yaalaniiru.

Itti aansuudhaanis yaadonni mariiwwan garagaraa irra argamam erga itti dabalamanii booda, fooyya'iinsi argame Garee Gorsituu Dhimma Teekinikaa miseensota 65 qabuun ragga'eera. Gareen gorsituu kun, ogeeyyii teekinikaa akaakuu adda addaa, hojii namoomaa fi qophii istaandaardotaan beekaman kan of keessaa qabu ture.

Safartuu Ijoon kun kan qophaa'e, istaandaardota duraan turan bakka buusuuf yaadameeti. Isaanis Safartuu To'annaa Gaafatamummaa fi Qulqullinaa HAP kan bara 2010 bahe; Naamusa Hojii gaarii dhaabbanni 'People In Aid' to'annaa fi deeggarsa hojjettoota gargaarsaaf itti fayyadamu akkasumas Istaandaardota Qajeelfama piroojektii 'Sphere" fa'i.

# Galata

Dhaabbilee fi namoota dhibbaan lakkaawwan kanneen wixinee Safartuu Ijoo Gargaarsa Namoomaa kanarratti yaada kennuun, dhaabbata isaanii keessatti qabatamaan yaaluun[1] akkasumas kanneen gareelee mariiwwan qindeessaa turan keessatti hirmaachuun fiixa- bahiinsa Safartuu kanaaf gumaachan hundaan galata argadhaa jenna. Keessummaayyuu, hawaasaalee fi namoonni balaadhaan miidhaman, hirmaannaan isaan adeemsa marii fi hojii yaalii Istaandaardichaa keessatti godhaniif galata addaa qabu.

Dhaabbileen akka 'HAP Intarnaashinaal, 'People In Aid' fi piroojektiin 'Sphere' istaandaardota kana walsimsiisuuf tattaaffii taasisaa kan turan yoo ta'u, dhaabbanni 'Groupe URD'jedhamus, sadarkaa Qulqullinaa Hojii Namoomaa Safartuu Ijoo kanatti dabaluudhaan gumaacheera. Kana malees, Gareen Gorsituu Dhimma Teekinikaa Safartuu fi garee xiqqaan isa jala jiru akkasumas Koreen Raawwii Teekinikaa, mariiwwan sadarkaa adda addaatti qophaa'an to'achuu fi Safartuuchallee raggaasisuuf Gaafatamummaa qabu ture. Gareen Safartuu Ijoo Hojii Namoomaa kana barreessus gama isaatiin, yaadawwan marii sadarkaalee adda addaatti qophaa'an irraa argaman itti dabalee gabbisuun gumaacha gochaa ture.

1 Maqaan dhaabbilee Safartuu Ijoo Hojii Namoomaa qoratanii www.corehumanitarianstandard.org Irraa argama

Bu'aan dhumarratti argamu, hunda kan hirmaachise, bakka bu'aa fi kaayyo-qabeessa akka ta'u gochuuf adeemsa marii hundaaf Dhaabbanni Gorsaa 'WolfGroup" jedhamu kophaa ta'ee akka mijeessu taasisame.

Maqaan Miseensota Garee Gorsituu Dhimma Teekiniikaa, Garee Mijeessituu (Steering) Teekinikaa fi Garee Barreessituu, weebsaayitii: www.corehumanitarianstandard.org jedhu keessa jira. Dhugumatti, deeggarsii fi kutannoon isaanii osoo hin jiraannee, mariin qophii Safartuu Ijoo kun fiixa hin bahu ture.

Adeemsi qophii Safartuu Ijoo kanaa, gama fandii addaa fi fandii piroojetiin kan gargaaran arjoomtota itti aanan kanneeni: Damee Dhimma Alaa fi Daldala Mootummaa Awustiraaliyaa, Ejensii Misooma Alaa Kaatoolikii; Ministeera Dhimma Alaa Denimaark (Danida); Waajjira Dhimma Alaa Riippaabilika Federaalawa Jarman; Gargaarsa Ayirish; Ejensii, Qindoomina Misooma Addunyaa Iswiidish, Ejensii Misoomaa fi Qindoomina Iswiis, Gargaarsa UK Mootummaa UKn  kennamuu fi Mootummaa Yuunaayitid Isteetisiiini.

Haaluma walfakkaatuun, HAP Intarnaashinaal, 'People In Aid' fi piroojektii 'Sphere', miseensota boordii  dhaabbilee armaan gadii kanneen::  ACT Aliyaansi; ActionAid Intarnaashinaal; Aktion Deutschland Hilft;  Fannoo  Diimaa Biriitish,  Ejensii Misooma Alaa Kaatoolikii (CAFOD), CARE Intarnaashinaal; Kiristaan Eeyid, Community World Service Asia; DanChurchAid; Luutaran Worlid Federeeshin, Seev Ze Childran Intarnaashinaal, Seev Ze Childran Yunaayitid Isteetis,, Worlid Vizyin Intarnaashinaal gumaacha maallaqaa isaan taasisaniif galateeffachuu barbaadu.

## Yaada Fooyya'iinsaa

Yaadawwan Safartuu Gargaarsa  Namoomaa Ijoo kana ilaalchisuun kennaman yeroo kamiyyuu taanaan fudhatama qabu. Kanaaf karaa teessoo imeelii info@corehumanitarianstandard.org jedhuun erguun ni danda'ama.

## Qorannaa Ture Keessaa Yaada Fudhachuu

Yaadawwan argaman hundi qorannaa ture keessa yaada fudhachuu Safartu Ijoo Hojii Namoomaa hanga Sadaasa 2019 itti (A.L.A) raawwatamu keessatti kan ilaallaman ta'u. Waa'ee Safartuu Ijoo Hojii Namoomaa, barreeffamoota kanaan walqabatanii fi dookumantoota/ galmeewwan biroo qophaa'aa jiran ilaalchisee odeeffannoo dabalataa argachuuf weebsaayitii www.corehumanitarianstandard.org. ilaalaa.

## Afaan Biraatti Hiikuu

Safartu Ijoo Hojii Namoomaa kun Afaan Arabaa, Afaan Faransaayii fi Ispaanishiin jira. Afaan biraatti hiikuu yoo barbaaddan, waa'ee hiikkaa irratti gargaarsa akka argattan karaa kinfo@ corehumanitarianstandard.org jedhuun qunnamaa. Hiikkaawwan hundi tolaan weebsaayitii www.corehumanitarianstandard.org. irraa ni argamu.

## Barreeffamoota  kanaan Walqabatan

Qajeelfamnii fi meeshaaleen hojiirra oolmaa Safartuu Ijoo Hojii Namoomaa kanaaf gumaacha qaban weebsaayitii www.corehumanitarianstandard.org. jedhu irraa tolaa argachuun ni danda'ama.

# Gabatee Qabiyyee

i. Seensa 2 – 3

ii. Caasaa Qulqullinaa fi Gaafatamummaa Safartu Ijoo Hojii Namoomaa 5

iii. Safartu Ijoo Hojii Namoomaa Hojii irra Oolchuu 6 – 7

iv. Mirgoota (Claims) 7

v. Hoj-maata Namoomaa qajeeltoon hoogganamu

vi. Waadaawwan Saglanii fi Ulaagaalee Qulqullinaa 9

vii. Waadaawwan, Hoj-maataa fi Gaafatamummaa 10- 18

1. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa fedhii isaaniitiin walsimuu fi barbaachisaa ni argatu. 10

2. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa namoomaa yeroo barbaachisutti argachuu qab 11

3. Hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif deebiin gargaarsa namoomaaf kennamu, haala bayyanachuu hin dandeenyeen akka hin miidhamne, caalaatti akka itti qophaa'an; akka cimanii fi saaxilammummaan isaanii hir'atu kan gumaachu ta' uu. 12

4. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, odeeffannoo argachuufis ta'ee murtiiwwan isaan ilaallatu keessatti hirmaachuuf mirgaa fi angoowwan qaban beeku. 13

5. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, haala miidhaaf isaan hin saaxilleen tooftaalee komii ittiin furan fi deebii atattamaa kennuuf ni qabaatu . 14

6. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, deeggarsa qindaawaa fi walsimaa ta'e ni argatu. 15

7. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, dhaabbilee muuxannoo fi yaadawwan kennamu irraa barachaa dhufan irraa , deeggarsa fooyya'aa ta'e ni eeguu. 16

8. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa isaan barbaachisu hojjettootaa fi tola-ooltota gahumsa qabanii fi haalaan hoogganaman irraa ni argatu. 17

9. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, dhaabbileen isaan gargaaraan qabeenya/ leeccalloo isaan harka jiru haala bu'a-qabeessaa fi baasii qusatuun akkasumas bifa naamusa qabuun akka faayidaa irra oolchan irraa eeguu danda'u. 18

i. Seensa

# Safartuu Ijoo Qolqullinaa fi Gaafatamummaa Hojii Namoomaa

## i. Seensa

Addunyaa mara keessatti namoonni akaakuu jireenyaa gara garaa keessa jiran kan baay'inni isaanii hagana hin jedhamne, dararama dhala namaa irra gahu ittisuu fi maqsuuf guyya- guyyaan iddoo balaan itti uumame hunda deemuun deebii namoomaa kennu.

Safartuu Ijoon Qulqullinaa fi Gaafatamummaa Hojii Namoomaa waadaawwan saglan kan dhaabbilee fi namoonni deebii namoomaa kennuurratti bobba'an, qulqullinaa fi bu'a-qabeessummaa gargaarsa isaanii fooyyessuuf itti fayyadamuu danda'an lafa kaa'a. Kana malees, Gaafatamummaa olaanaan hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif akka ta'u haala mijeessa. Kunis kan maddu dhaabbileen hojii namoomaa hojjechuuf kutannoon itti seenan kun maal fa'aa fi hammam gargaruu akka qaban hawaasaa fi namoota miidhamaniif mirga hordofuu kan kennu ta'uu isaarraayi.

Safartuu  Ijoon Hojii Namoomaa, hojiilee namoomaa hojjetaman keessatti hawaasaa fi namoota balaan miidhaman giddu-galeessa godhachuu, mirgi namoomaa bu'uuraa kanneen akka mirga lubbuun jiraachuu fi mirgi eegumsaa nageenyaa, Waliigaltee Mirga Namoomaa Addunyaa.[2] dabalatee seerota addunyaa keessatti tumaman akka kabajaman jajjabeessa.

Safartuun kun akka safartuu ijootti, hojiileen namoomaa sirnaan hoogganaman, Gaafatamummaa raawwatamanii fi qulqullina olaanaan hojjetaman, qabiyyeewwan murteessoo akkamii akka qaban ibsa. Dhaabbileen Hojii Namoomaa hojjetan, dambicha akka dambii fedhiin hojiirra ooluutti fudhachuun, adeemsawwan dhaabbata isaanii

2 Seerri Mirgoota Namoomaa Addunyaa kan of keessa qabu, Labsii Mirgoota Namoomaa Idil-addunyaa, Waliigaltee Mirgoota Diinagdee, Hawaasummaa fi Aadaa Idil-addunyaa akkasumas Waliigaltee Mirgoota Siviilii fi Siyaasaa Addunyaa fi pirootokoolota isaa fa'i.


wajjiin walsimsiisanii fayyadamuu danda’u. Kana malees, raawwii hojii mirkaneessuuf akka bu’uuraatti itti fayyadamuun ni danda’ama. Kanaaf immoo fireemworkiin addaa fi agarsiistuuwwan, haala qabatamaa fi gosa dhaabbilee adda addaaf mijaawaa ta’uu isaa mirkaneessuuf yaadaman qophaa’aniiru.

Safartu Ijoon Hojii Namoomaa kun hojii irra kan oolu, namoota dhuunfaan, dhaabbilee, qaamolee hojii qindeessituu, koonsarshiyaa fi gareelee biroo hojiilee namoomaa hojjetaniin yookan hojiilee namoomaaf gumaacha godhaniin ta’uu danda’a. Safartuun kun, jalqaba seektara hojii namoomaaf kan yaadame ta’ullee, dhaabbanni kamiyyuu hojiileen inni hawaasaa fi namoota balaan miidhaman waliin hojjetu, qulqullina gaarii fi Gaafatamummaa olaanaa akka qabaatu gochuuf Safartuu kana fayyadamuu danda’a.

SafartuSafartuu Ijoon Hojii Namoomaa kun, bu’aa adeemsa marii sadarkaa addunyaa ti. Istaandaardichi, elemantoota ijoo istaandaardootaa hojii namoomaa fi waadaawwan hojii duraan turan keessa jiran walitti fideera. Isaan keessaayis:

- Danbii Naamusaa Waldaa Fannoo Diimaa fi Sochii Baatii Diimaa Addunyaa akkasumas kan Dhaabbilee Mit-mootummaa Hojii Gargaarsa Balaa keessa jiranii
- Gaafatamummaa fi Qabiinsa Qulqullina Safartuu HAP 2010nii
- Danbii Hojii Gaarii ‘People In Aid’ Hooggansaa fi Deeggarsa Hojjettoota Gargaarsaa
- Qajeelfama Safartuuwwan Ijoo fi Chaartara Gargaarsa Namoomaa ‘Sphere’;
- Qulqullina COMPAS ;
- Waadaawwan Gaafatamummaa Koreen Dhaabbataa Gamtaa Ejensii (Inter-Agency) Namoota/ummata miidhamaniif qabu;
- Dhaabbata Gamtaa Walta’iinsaa fi Misoomaa Diinagdeetti (OECD), Koreen Gargaarsa Misoomaa, Ulaagaalee Madaallii Gargaarsa Namoomaa fi Misoomaa fi (DAC)

## SAFARTUU IJOO QULQULLINAA FI GAAFATAMUMMA HOJII NAMOOMAA



# ii. Caasaa Safartu Ijoo Hojii Namoomaa

Safartu Ijoon Hojii Namoomaa, Waadaawwan Saglan kan hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif seenaman of keessaa qaba. Haala kanas waan hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, dhaabbilees ta'ee namoota dhuunfaa gargaarsa namoomaa kennan irraa eeguu danda'an jechuudhaan ibsa. Waadaawwan hundi ulaagaa qulqullinaan deeggaraman yemmuu ta'u, innis kan agarsiisu dhaabbileen gargaarsa namoomaa fi hojjettoonni isaanii ulaagicha guutuuf akkamitti hojii hojjechuu akka qabani. Safartu Ijoon Hojii Namoomaa haala itti aanu kanaan caaseffame:

- Waadaawwan Saglan;
- Ulaagaalee Qulqullina deeggaran;
- Hojiilee Ijoo waadaawwan guutuuf raawwatamuu qaban;
- Gaafatamummaawwan Dhaabbilee, kan Hojiilee Ijoon bifa walirraa hin ciccinnee fi sirna-qabeessa ta'een dhaabbaticha keessatti akka hojiirra oolan gargaaran.

Raawwii Hojiilee Ijoo (Hoj-maata Ijoo) fi Gaafatamummaawwan Dhaabbilee walduraa-duubaan kan ibsan:

- Hojjettoonni hojiilee namoomaa irratti bobba'an, sagantaalee qulqullina olaanaa qaban, bifa walirraa hin ciccineen raawwachuu fi namoota gargaarsa isaanii barbaadaniif itti gaafatamummaa qabachuuf maal hojjechuu akka qaban;
- Dhaabbileen hojiilee namoomaa irratti bobba'an, hojjettoonni isaanii gargaarsa namoomaa qulqullina olaanaa fi ittigaafatamummaa qabu kennuu isaanii mirkaneessuuf, imaammatoota, adeemsawwanii fi sirnoota qabaachuu qaban.

Hiikkaan jechoota Safartu Ijoo Hojii Namoomaa keessatti Ka'an, dhuma qajeelfama kanaa irratti tarreeffamaniiru.

# iii. Safartu Ijoo Hojii Namoomaa Hojiirra Oolchuu

Dhaabbileen Safartu Ijoo Hojii Namoomaa kana hojiirra oolchuuf kutannoo qaban, waadaawwan saglan hojiirra oolchuuf warra karoorfatani. Dhaabbileen sunis qulqullinni fi itti gaafatamummaan deebiiwwan namoomaa isaanii haala har'aa boruu gegeeddaramuu hindandeenyeen akka fooyya'an, yoo xiqqaate sirnoota hojii, caasaalee fi adeemsa hojii isaanii bifa itti fufiinsa qabuun fooyyessuuf cimanii hojjechuutu irraa eegama. Haata'u malee, dhaabbilee fi namoonni hojiilee namoomaa irratti bobba'an danuu dha. Kana waan ta'eefis, hojii isaanii yeroo eegamutti hojjechuu fi hojiichas humnaa fi dirqama dhaabbilee isaanii waliin akkasumas haalaa fi sadarkaa rakkina jiru waliin walsimsiisuu qabu.

Dhaabbileen waadaawwan saglan guutuudhaaf wayita gufuun isaan quunname, rakkina sana amanuudhaan, karaa dhimmoota gufuu itti ta'an sana furuu danda'an barbaaduu qabu.  Dhaabbileen haallan akkasii irraa barachuu fi tooftaalee rakkoolee ittiin furan qopheessuu qabu

Xiinxalli hojiirra oolmaa Safartuu ijoo ilaalchisee adeemsisamu kamiiyyuu, sadarkaa dhaabbanni tokko Waadaawwan Saglan fiixaan baasuuf hojjechaa jiruun ta'uu qaba malee, callisee Hoj-maata Ijoo  waan raawwatamanii fi/ykn itti gaafatamummaawwan dhaabbatichaa waan bahameef qofa miti. Kanaaf, Hojiilee Ijoon (Hoj-maata Ijoo) Safartuuchi gaafatu, haala qabatamaan walsimachu qaba:

Dhaabbilee fi namoota Safartuu ijoon kun  tajaajilu:

- Kanneen hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif kallattiin gargaarsa kennan;
- Kanneen dhaabbilee biroof deeggarsa maallaqaa, meeshaa ykn teekiniikaa kennan garuu kan kallattiidhaan gargaarsa kennuu keessatti hin hirmaanne; ykn
- Tooftaalee kanneen lamaan walitti makuun kan hojjetaniifi.

Safartu Ijoon Gargaarsa Namoomaa karaa adda addaan qaamolee hojii namoomaa hojjetan akka tajaajilutti kan qophaa'e yammuu ta'u, isaan keessaayis:

- Gaafatamummaa olaanaan hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif akka ta'uu fi qulqullinni tajaajiloota kennamanii akka fooyya'n  mijeessuu;
- Hojiirra oolmaa Safartuu Ijoo dhawaata cimaa deemuu fi fooyya'iinsa itti fufiinsa qabuuf karoora qopheessuu;
- Safartu Ijoo Gargaarsa Namoomaa kana akka fireemworkitti fayyadamanii Istaandaardota dhaabbataa fi teekiniikaa duraan turan deeggaruun, qulqullinaa fi itti gaafatamummaa jiru hordofuu
- of qorachuu fi qulqullina sagantaalee fooyyessuu;

- Safartichi guutamuu isaa (conformity) mirkaneessuu fi kanneen biroonis walsimuu isaa agarsiisuu;
- Iddoo barbaachisaa ta'etti adeemsi keessaa fi deeggarsi hojjettootaaf kennamu akkaataa hojiilee fi  gaafatamummaawwan dhaabbataa Safartu Ijoo keessa taa'aniin guutamuu isaa qorachuu.

Dhaabbileen Safartuu kana fayyadamuuf murteessaan, dhaabbata isaanii keessattis ta'ee dhaaabbatichaan alatti istaandaardicha beeksisuu qabu.

Dhaabbileen michummaan) hojjechaa jiran, Safartuu Ijoo Gargaarsa Namoomaaf kutannoo qaban ibsuu qabu.  Michoonni[3] isaaniis Waadaawwan Saglan akkamitti raawwachuu akka yaadan hubachuu fi waadaawwan sana michoota isaanii waliin hojiirra oolchuuf waan danda'an hunda hojjechuu qabu.

# iv. Mirga Ofii Gaafachuu

Namni yookan dhaabbanni hojii namoomaa irratti bobba'e kamiiyyuu, Safartuucha akka isaa tolutti akka fayadamu kan  jajjabeeffamu yoo ta'u, kanas akkana jechuun ibsuu tu mala: ' Safartuu Ijoo Hojii Namoomaa hojii irra oolchuf nii hojjenna". Dhaabbileen Safartuucha haala qabatamaan guutumaatti hojii mul'isuu isaanii qaama biraan haala qabatamaan yoo mirkaneessan qofa.

3 Hiikaawwaniif fuula Hiikaa Jechootaa ilaalaa

# V. Hojii Namoomaa Qajeelchaan Hoogganamu

Ummanni handhuura namoomaa ti. Kaayyoon jalqabaa deebiin namoomaa balaan miidhamaniif kennamu kamiiyyuu lubbuu baraaruu, dararama dhala namaarra gahu maqsuu fi mirgi ulfinaan lubbuun jiraachuu akka kabajamu gargaaruu dha.

Dhaabbilee namoomaaf dhimmi namoomaa waan jalqabaa ti. Kanaafuu, deebii namoomaa barbaachisu haala barbaadameen kennuu akka qaban ni hubatu..

Hojii Namoomaa qajeelchawwan[4] bebbeekamaa afuriin qajeelfama:

• Namooma: Dararamni dhala namaa irra gahu iddoo jiru hundatti furmaata argachuu qaba. Kaayyooni hojii namoomaas lubbuu fi fayyaa namaa eeguu fi dhalli namaa kabaja argachuu isaa mirkaneessuu dha.

• Al-loogdummaa/Loog-maleessummaa: Hojiin namoomaa fedhii qofarratti hundaa'uun raawwatamuu qaba. Dura aantummaan balaawwan hedduu ariifachiisaa ta'aniif kennama. Kanaan ala, lamummaa, sabummaa, koorniyaa, amantii, sadarkaa yookan ilaalcha siyaasaa irratti hundaa'uun loogiin raawwatamuu hin qabu.

• Walabummaa: Iddoon hojiin namoomaa kaayyoolee siyaasaa, diinagdee, waraanaa fi kkf kan itti hojjetaman irraa walaba ta'uu tu mala.

• Gare-maleessummaa: Qooda-fudhattoonni hojii namoomaa iddoo waljibbiinsi jirutti garee tokko irra goruu yookan falmii siyaasaa, sabummaa, amantii yookan haala amala ilaalchaa qabu keessa seenuu hin qaban.[5]

Qajeelchawwan namoomaa ijoo hojii namoomaati. Qajeelfama hojii namoomaa waan ta'aniif, hojii irra oolmaan isaanii Gragaarsa namoomaa akaakuu hojiilee gara biro irra adda baasuun murteessaa dha. Safartuu Ijoo Gargaarsa Namoomaa keessatti, qajeelchawwan afran kun Waadaawwan, Ulaagaalee, Hojiilee Ijoo fi Itti gaafatamummaawwan Dhaabbataa keessa galaniiru.

Seerri Hojii Namoomaa Addunyaa, Seerri Mirga Namoomaa Addunyaa fi Seerri Koolu-galtummaa Addunyaa, waa'ee eegumsa namoota dhuunfaa fi garee akkasumas akaakuu gargaarsa isaaniif kennamuu qabu ilaalchisee Safartuuwwan seeraa lafa kaa'eera. Chaartarri Hojii Namoomaa 'Sphere' qajeelchawwan seeraa ijoo, nageenya namoota balaan ykn waldhabdeen miidhamanii eegsisuuf hedduu gargaaran cuunfee ibsa.

Qaamoleen Safartuu Ijoo Hojii Namoomaa hojiirra oolchan, jalqab irratti mootummoonni fi qondaaltonni dhimmi ilaallatu, namoota daangaa biyya isaanii keessatti balaan yookan waraanaan miidhaman eeguu fi gargaaruuf gaafatamummaa qaban ni beeku. Gargaarsi namoomaa Gaafatamummaawwan kana laaffisuu hin qabu. Inumaayyuu, hamma danda'ametti utubanii waliin deemuu qabu.

4 Qajeeltoowwan hojii namoomaa, Al-loogummaa, walabummaa fi Gare-maleessummaa kan fudhataman qajeeltoowwan sochii Fannoo Diimaa fi Baatii Diimaa A.L.A bara 1965 Viyeenaa keessatti Koonfiransiin Fannoo Diimaa fi Baatii Diimaa Sadarkaa addunyaa 20ffaan labserraa akkasumas Yaada Furmaataa Yaa'ii waliigalaa Mootummoota Gamtoomanii 46/182, A..L.A Sadaasa 19 bara 1991 fi Yaada Furmaataa Yaa'ii waliigalaa Mootummoota Gamtoomanii 58/114, A..L.A Gurraandhala 5 bara 2004 qophaa'erraayi.
5 Dhaabbileen tokko tokko gargaarsa loogi-maleessa ta'e wayita kennaniifi waldhabdee keessatti oss qooda hinfudhatan hojjetanillee, qajeeltoon Gare-maleessummaa (neutrality) dhimmoota ittigaafatamummaa fi haqaan walqabatanirratti hojii advokasii hojjechuullee akka dhoowwu garuu hinhubannoo hinqaban..

# vi. Waadaawwanii fi Ulaagaalee Qulqullinaa Saglan

1. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa fedhii isaaniitiin walsimuu fi barbaachisaa ni argatu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Deebiin gargaarsa namoomaaf kennamu mijaawaa fi barbaachisaa dha.

2. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa namoomaa yeroo barbaachisutti ni argatu

Ulaagaa Qulqullinaa: Deebiin gargaarsa namoomaaf kennamu bu'a-qabeessaa fi wayitaawaa dha.

3. Hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif deebiin gargaarsa namoomafa kennamu, haala bayyanachuu hin dandeenyeen akka hin miidhamne, caalaatti akka itti qophaa'an; cimanii fi saaxilammummaan isaanii hir'atu kan gumaach u ta'uu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Deebiin gargaarsa namoomaa dandeettii naannawaa kan cimsuu fi miidhaa dabalataa kani hambisu dha.

4. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, odeeffannoo argachuufis ta'ee murtiiwwan isaan ilaallatu keessatti hirmaachuuf mirgaa fi angoowwan qaban ni beeku.

Ulaagaa Qulqullinaa: Deebiin gargaarsa namoomaa odeeffannoo, hirmaannaa fi waan ta'aa ture himachuu buu'uureffachuu.

5. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, haalaa miidhaaf isaan hin saaxilleen tooftaalee komii ittiin furan fi deebii atattamaa ni qabaatu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Komiiwwan ni keessumeessamu akkasumas ni furamu.

6. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, deeggarsa qindaawaa fi haala jiruun walsimee deemu ni argatu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Deebiin gargaarsa namoomaa qindaawaa fi walsimaa dha.

7. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, wayita dhaabbileen muuxannoo fi yaadawwan kennamu irraa barachaa dhufan, deeggarsa fooyya'aa irraa ni eeguu .

Ulaagaa Qulqullinaa: Qooda-fudhattoonni gargaarsa namoomaa hojjetan yeroo hunda ni baratu; hojii isaaniis ni fooyyessu.

8.Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa isaan barbaachisu hojjettootaa fi tola-ooltota gahumsa qabanii fi haalan hoogganaman irraa ni argatu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Hojjettoonni hojii isaanii haala bu'a-qabeessa ta'een akka hojjetan deeggarsi ni godhamaaf akkasumas walqixa ni ilaalalamu.

9. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, dhaabbileen isaan gargaaraan qabeenyaawwan isaan harka jiru haala bu'a-qabeessa ta'ee fi qusannoon akkasumas bifa naamusa qabuun akka faayidaa irra oolchan irraa eeguu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Qabeenyaawwan miira gaafatamummaan qabamanii kaayyoo yaadameef ooluu.

# vii. Waadaawwan, Hoj-maata fi Gaafatamummaawwan

## 1. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa fedhii isaaniitiin walsimuu fi barbaachisaa ni argatu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Deebiin gargaarsa namoomaaf kennamu mijaawaa fi barbaachisaa dha.

Hoj-maata Ijoo

1.1 Haala jiruu fi hirmaattota ilaalchisee xiinxala sirnaawaa, qabatamaa fi itti fufiinsa qabu adeemsisuu.

1.2 Qorannaa fedhii[6] fi haalan yaaddessaa loog-maleessumma/al-loogummaa qaban irratti hundaa'uun akkasumas saaxilamummaa fi dandeettiiwwan gareelee adda addaa hubachuun sagantaalee Mijaawaa wixinuu fi hojiirra oolchuu.

1.3 Sagantaalee fedhii, dandeettiiii fi haallan jijjiiramaa deeman waliin walsimsiisuu

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

1.4 Imaammatawwan, gargaarsa loog-maleessa ta'e, fedhii fi dandeettii hawaasaa fi namoota balaan miidhamanii irraa ka'uun kennisiisu ta'uu.

1.5 Imaammatawwan waadaawwan lafa kaa'an, kan hawaasaa fi namoota dagatamanii/cinaatti dhiifaman ilaalch keessa galchuun ragaalee akaakuu adda addaa walitti qabuu .

1.6 Adeemsi haala jiru irratti xiinxala barbaachisaa fi itti fufiinsa qabu raawwachuu dandeessisu jiraachuu mirkaneeffachuu

6 "Fedhii" deeggarsaa fi eegumsa gochuu of keessaa qaba..

7 Kunis kan ilaallatu, fakkeenyaaf: dubartoota, warren dhiiraa, shamarran, ijoollee dhiiraa, dargaggoota fi maanguddoota akkasumas qaama-miidhamtoota fi gareelee yookan saba bicuu garaagarummaa akkasii hinqabne fa'i.

## 2. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa namoomaa yeroo barbaachisutti argachuu qab

Ulaagaa Qulqullinaa: Deebiin gargaarsa namoomaa kennamu bu'a-qabeessaa fi wayitaawaa dha.

Hoj-maata Ijoo

2.1 Sagantaalee hoj-maanni karoorfaman dhuga-qabeeyyii fi rakkoolee[8] jiran furuu danda'an kan hawaasa irra miidhaa hin geessisine wixinuu.

2.2 Deebii gargaarsa namoomaa yeroo eegamutti kennuu, murtiiwwan dabarsuu fi waan hojjetamuu qaban osoo yeroo hin fudhatin raawwachuu.

2.3 Fedhiiwwan hin guutamnin akka guuatamaniif dhaabbilee ogummaa teekiniikaa fi waan hir'ate sana guutuuf gahumsa qabanitti tii dabarsuu yookin akka guutamaniif kakaasuu/yaaluu.

2.4 Sagantaalee karoorsuu fi madaaluuf, Safartuwwan teekinikaa beekamoo fi muuxannoolee gaarii seektara gargaarsa namoomaa keessatti hojiirra oolanitti fayyadamuu

2.5 Raawwii gadi aanaa fooyyessuu fi sagantaalee mijatoo baasuun hojiilee gargaarsa namoomaa fi itti baha isaanii hordofuu

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

2.6 Waadaawwan sagantaa dandeettii dhaabbileen qabaniin walsimu.

2.7 Waadaawwan Imaammataa kan mirkaneessuu qaban:

a. Haala sirnaawaa, qabatamaa fi itti fufiinsa qabuun hojiilee fi bu'aa isaanii hordofuu figamaaggamuu

b. Ragaaleen hordoffii fi gamaaggamaa irraa argaman sagantaalee fooyyessuu fi akka tolutti hojiirra oolchuuf fayyadu

c. Qabeenyawwan hojiif ramadaman irratti yeroon murtii kennuu.

8 Fakkeenyaaf, Gargaarsa namoomaa argachuu, tasgabbii, loogistikii fi deeggarsa maallaqaa

## 3. Hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif deebiin gargaarsa namoomaaf kennamu, haala bayyanachuu hin dandeenyeen akka hin miidhamne, caalaatti akka itti qophaa'an; akka cimanii fi saaxilammummaan isaanii hir'atu kan gumaachu ta'uu.

**Ulaagaa Qulqullinaa:** Deebiin gargaarsa namoomaa dandeettii naannawaa kan cimsuu fi miidhaa dabalataa hambisu dha.

Hoj-maata Ijoo

3.1 Sagantaaleen bahan dandeettii naannoo jiran irratti hundaa'uu fi hawaasnii fi namoonni balaan miidhaman dafanii akka bayyanatan dandeettii isaanii fooyyessuu irratti xiyyeeffatanii hojjechuu isaanii mirkaneessuu

3.2 Hojiilee adeemsisuuf, bu'aawwan qorannoo balaa gahuu danda'uu fi haallan yaaddessoo akkasumas karoorawwan qophaa'inaa jiranitti fayyadamuu.

3.3 Hooggansiifi dhaabbileen naannawa jiran balaawwan fuulduratti uumamaniif deebi-kennitoota jalqabaa akka ta'an dandeettiin isaanii cimuu akkasumas kutaaleen hawaasaa dagatamanii fi faayida-maleessyyii ta'an haalaa sirrii ta'een bakka bu'amuu isaanii mirkaneessuuf tarkaanfii fudhachuu

3.4 Tarsiimoo keessaa bahiinsa sagantaalee namoomaa, haala bu'aawwan gaggaarii yeroo dheeraaf turan mirkaneessuu fi yaaddoo hirkattummaa hir'isuuf gargaaruun, sadarkaalee sagantichaa gara jalqabaa irratti karoorsuu

3.5 Sagantaalee dandamannaa balaa ariifataa jajjabeessanii fi diinagdee naannawaa fayyadan wixinuu fi hojiirra oolchuu.

3.6 Dhiibbaawwan dabalataan umamuuf malan yookan osoo hin eegamin uumaman adda baasuudhaan, yeroon, haala toofta-qabeessa ta'een irratti hojjechuu. Dhimmoonni kunis

a. Nageenya, tasgabbii, kabajaa fi mirga namootaa;
b. Miidhaa saalaa hojjetootaan gargaartamtoota irra gahu
c. Aadaa, koorniyaa fi walitti dhufeenya hawaasummaa fi siyaasaa;
d. Madda jireenyaa;
e. Diinagdee naannawaa
f. Naannoo

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

3.7 Imaammattoonni, tarsiimoowwanii fi qajeelfamni kan qophaa'aniif:

a. Sagantaaleen dhiibbaawwan dabalata ta'an, fakkeenyaaf, gochoota akka saamichaa, sarbama mirgaa yookan loogii hojjettoonni gargaarsa namoomaa hawaasaa fi namoota balaan miidhaman irratti raawwatan akka hin umamne ittisuuf;
b. Dandeettiiwwan naannawaa cimsuuf.

3.8 Odeeffannoo hawaasaa fi namoota balaan miidhamanii irraa walitti qabaman miidhaaf akka isaan hin saaxille, sirnoonni icciitiin eegan ni jiraatu.

## 4. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, odeeffannoo argachuufis ta’ee murtiiwwan isaan ilaallatu keessatti hirmaachuuf mirgaa fi angoowwan qaban beeku.

**Ulaagaa Qulqullinaa:** Deebiin gargaarsa namoomaa odeeffannoo, hirmaannaa fi waan ta’aa ture himachuu irratti hunda’a.

Hoj-maata Ijoo

4.1 Waa’ee dhaabbatichaa, qajeelchawwan inni hordofu, ogeeyyii isaa irra namusa akkamii akka eegu, sagantaalee hojiirra oolchaa jiruu fi tajaajila kennuuf yaadan, odeeffannoo hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif kennuu

4.2 Afaan, bifiyyee fi meeshaalee sab-quunnamatii akka salphaatti hubatamaniin, safuu eeganii fi fudhatama aadaa argatanii, kutaalee hawaasaa adda addaaf keessumaayyuu gareelee saaxilamoo fi dagatamoof mijaawaa ta’aniin walquunnamuu

4.3 Hirmaannaa fi qooda-fudhannaa hawaasaa fi namoota balaan miidhamanii sadarkaalee hojii hundaarratti hojiirra oolchuudhaan, bakka bu’ummaan hunda hammataa ta’uu isaa

4.4 Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, qulqullinaa fi bu-qabeessummaa gargaarsa kennameef irratti gammachuu qabaachuu akka ibsan jajjabeessuu fi haala mijeessuu. Keessumaayyuu, koorniyaa, umrii fi akaakuu namoota yaada kennaniif xiyyeeffannaa kennuu.

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

4.5 Imaammatoonni odeeffannoo qooduu ilaallatan jiraachh, aadaan walquunnamtii ifa ta’uu aka qabu jajjabeessu.

4.6 Imaammatoonni hawaasaa fi namoota balaan miidhaman hirmaachisuuf oolan, dura-duursaa fi yaaddoowwan isaan sadarkaalee hojii hundarratti adda baasan ibsuun lafa kaa’amu

4.7 Walquunnamtiin alaa (kanneen kaayyoo maallaqa walitti qabuuf fayyadan dabalatee) sirrii, naamusa-qabeessaa fi kabaja-qabeessa ta’an akkasumas kan hawaasaa fi namoota balaan miidhaman akka dhala namaa kabajamaatti dhiheessan ni jiraatu

## 5. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, haala miidhaaf isaan hin saaxilleen tooftaalee komii ittiin furan  fi deebii atattamaa kennuuf ni qabaatu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Komiiwwan nikeessumeessamu   akkasumas ni furamu.

Hoj-maata Ijoo

5.1   Qophii, hojiirra oolmaa fi hordoffii adeemsa Komiin itti keessumeessamu irratti hawaasaa fi namoota balaan miidhaman mari'achiisuu

5.2   Komiiwwan fudhachuun, akkamittitooftaan furmaataitti akka galamuu fi dhimmoota inni furu beeksisuu

5.3   Komiiwwan ka'an yeroodhaan, haala loo-gmaleessaa fi sirrii ta'een akkasumas haala nageenya komataa fi nageenya qaamolee miidhaman hundaaf duursa kenneen hiikuu.

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

5.4   Adeemsi hawaasnii fi namoonni balaan miidhaman komii itti keessummeessan galmaa'anii taa'u.  Adeemsichi haala sagantaan miidhaa saalquunnamtii wal qabatee gahuu fi aangawoonni dhiibbaa mirgaa geessisanii fi kan biro hammataa ta'uu qabaachuu

5.5  Aadaan dhaabbilee keessaa kan komii xiyyeeffannaan ilaaluu fi imaammataa fi adeemsawwan ifaa taa'an fayyadamee tarkaanfii fudhatu

5.6   Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, amaloonni hojjettoota gargaarsa namoomaa maal ta'uu akka danda'u akkasumas miidhaa saalquunnamtii ittisuu irratti waadaawwan dhaabbileen qaban guutummaatti kan hubatan ta'uu

5.7    Komiiwwan aangoo dhaabbatichaatii  ala jiran, hojii gaarii jiran osoo hin fallessin qaama dhimmi ilaalutti ergamu

## 6. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, deeggarsa qindaawaa fi walsimaa ta'e ni argatu.

### Ulaagaa Qulqullinaa: Deebiin gargaarsa namoomaa qindaawaa fi walsimaa dha.

Hoj-maata Ijoo

6.1 Gaheewwan, itti gaafatamummaa, dandeetti fi fedhii qooda-fudhattoonni[9] garaagaraa qaban adda baasuu.

6.2 Deebiin gargaarsa namoomaa deebii qondaaltota biyyaa[10] fi naannoo akkasumas deebii dhaabbilee gargaarsa namoomaa biroo deeggaruu isaa mirkaneessuu.

6.3 Fedhiiwwan hawaasa keessa jiran hir'isuu fi bal'inaan walgahiinsaa fi tajaajila gargaarsa namoomaa guddisuuf, qaamolee qindeessituu murteessaa ta'anii fi qaamolee biroo waliin hojjachuu.

6.4 Odeeffannoo barbaachisoo, michoota, gareelee qindeessitootaa fi qooda-fudhattoota murteessoo ta'an biroo waliin tooftaalee walquunnamtii mijaawoo ta'an fayyadamuudhaan walii qooduu.

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

6.5 Imaammatoonnii fi tarsiimoowwan bahan qindoominaa fi gamtaa qaamolee biroo waliin umamuuf kutannoowwan jiraan ifaan kan kaa'aman yoo ta'an, kunis qindoominaa fi gamtaa qondaaltota sadarkaa biyyaa fi naannoo waliin, qajeelchawwan hojii namoomaa osoo hin cabsin uumamu ni dabalata.

6.6 Hojiin michoota waliin hojjetamu, waliigalteewwan ifaa fi amansiisaa kan itti gaafatamummaa, dirqamaa fi walabummaa michoota hunda kabajuu akkasumas hanqinaa fi waadaawwan hojii isaan qaban hubannoo keessa galchuun qajeelfamuu qaba.

9 Qooda-fudhattoota naannawaa, dhaabbilee gargaarsa namoomaa, qondaaltota naannoo, dhaabbilee dhuunfaa fi gareelee dhimmi ilaallatu kanneen biroo dabalata

10 Iddoo qondaaltonni waldhabdee keessaa qooda qabanitti, qooda-fudhattoonni hojii namoomaa murtii mataa isaanii murteessuu fi hojii isaanii walabummaan raawwachuu qabu. Murtii wayita murteessanis, hunda dura fedhiiwwan hawaasaa fi namoota balaan miidhamanii giddu-galeessa godhachuu qabu.

## 7. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, dhaabbilee muuxannoo fi yaadawwan kennamu irraa barachaa dhufan irraa , deeggarsa fooyya'aa ta'e ni eeguu.

Ulaagaa Qulqullinaa: Qooda-fudhattoonni gargaarsa namoomaa yeroo hunda ni baratu; hojii isaanis ni fooyyessu.

Hoj-maata Ijoo

7.1 Yeroo sagantaaleen qophaa'an barnoota argamanii fi muuxannoo turan irratti hundaa'uu

7.2 Hordoffii fi gamaaggama akkasumas yaadawwanii fi komiiwwan dhihaatan irratti hundaa'uun barachuu, waan haara'a kalaquu/uumuufi jijjiirama haara'a sanas hojiirra oolchuu,

7.3 Barnoota argamanii fi yaada haara'a umaman qaamolee dhaabbata keessa jiraniif, hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif akkasumas qooda-fudhattoota biroof qooduu

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

7.4 Gamaaggamnii fi imaammatoonni barnootaa fi tooftaaleen muuxannoowwan irraa barachuu fi raawwii hojiilee fooyyessuuf gargaaranis ni jiraatu.

7.5 Tooftaaleen beekumsaa fi muuxannoo galmeessuuf gargaaranii fi dhaabbaticha keessatti namni hundi akka salphaatti akka argatu godhan ni jiraatu.

7.6 Dhaabbatichi deebii gargaarsa namoomaa irratti barnoonnii fi kalaqni haarofti gitootaa fi seektara keessatti akka babal'atu ni gumaacha.

## 8. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, gargaarsa isaan barbaachisu hojjettootaa fi tola-ooltota gahumsa qabanii fi haalaan hoogganaman irraa ni argatu.

**Ulaagaa Qulqullinaa:** Hojjettoonni[11] hojii isaanii haala bu'a-qabeessa ta'een akka hojjetan deeggarsi ni godhamaaf akkasumas walqixa ni ilaalalamu.

Hoj-maata Ijoo

8.1 Hojjettoonni dhaabbatichaa hojii isaanii akkaataa itti gaafatamummmaa fi duudhaalee dhaabbata isaaniin masakamuun akkasumas kaayyoowwanii fi istaandaardota raawwii hojii itti waliigalame irratti hundaa'uun ni hojjetu.

8.2 Hojjettoonni imaammatoota isaan ilaallatan kabajuun kan hojjetan yoo ta'u, imaammatootta kabajuu dhiisuun miidhaawwan fidus ni hubatu.

8.3 Hojjettoonni dhaabbatichaa gahee isaan irraa eegamu bahuuf, gahumsa dhuunfaa, teekiniikaa fi hooggansaa barbaachisoo qopheessuun kan itti fayyadaman yoo ta'u, kana raawwachuuf dhaabbanni isaanii akkamitti akka isaan gargaaruu danda'ullee ni hubatu

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

8.4 Dhaabbatichi sagantaalee isaa hojiirra oolchuuf dandeettii, fi humna hooggansaa fi hojjettootaa ni qabaata.

8.5 Imaammatoonni fi danboonni hojjeta ilaallatan haqa-qabeeyyii, ifaa fi loog-maleeyyii akkasumas seera hojjetaa naannichaan kan walsiman ta'u.

8.6 Gaheewwan hojii, kaayyoowwan hojii fi adeemsi yaada jiru ifaatti kaa'amanii, hojjettoonni waan isaan irraa eegamu sirriitti akka hubatan ni godhama

8.7 Danbiin naamusaa, yoo xiqqaate hojjettoonni dhaabbatichaa akka ummata hin saamne, hin sarbine yookan loogii irratti hin raawwanne dirqama irra kaa'u qophaa'ee taa'a.

8.8 Imaammatoonni hojjettoonni dandeettii fi gahumsa isaanii akka fooyyeffatan gargaaru qophaa'ee taa'a.

8.9 Imaammatoonni nageenyaa fi fayyummaa hojjettoota eegsisan qophaa'anii taa'u.

11 Hojjettoota jechuun bakka bu'oota dhaabbataa kamiyyuu yammuu ta'an, isanis hojjettoota sadarkaa biyyoolessaa, addunyaa, dhaabbataa ykn hojjettoota yeroo akkasumas tola-oltotaafi gorsitoota fa'i.

## 9. Hawaasaa fi namoonni balaan miidhaman, dhaabbileen isaan gargaaraan qabeenya/leeccalloo isaan harka jiru haala bu'a-qabeessaa fi baasii qusatuun akkasumas bifa naamusa qabuun akka faayidaa irra oolchan irraa eeguu danda'u.

Ulaagaa Qulqullinaa: Qabeenyi/leeccalloon miira gaafatamummaa qabuun kaayyoo yaadameef oola.

Hoj-maata Ijoo

9.1 Sagantaaleen yeroo qophaa'anii fi wayita hojiirra oolan, sadarkaa deebii gargaarsa namoomaa , haala qabeenya[12] qusatuun, qulqullina, baasii xiqqeessuu fi wayitaawaa ta'uun (timeliness) walmadaalsisuu danda'uun ta'a.

9.2 Qabeenyaawwan kaayyoo yaadameef galmaan gahuu akka danda'amutti to'achuu fi itti fayyadamuu akkasumas qisaasama qabeenyaaxiqqeessuu.

9.3 Baasii to'achuufi bajataan walbira qabanii gabaasuu

9.4 Qabeenyawan naannoo fi uumamaa wayita fayyadaman, dhiibbaa naannoo irratti qaban yaada keessa galchuu.

9.5 Balaa malaammaltummaa to'achuu fi yoo adda bahee beekame tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu.

Gaafatamummaawwan Dhaabbilee

9.6 Imaammatoonnii fi adeemsi itti fayyadamaa fi to'annaa qabeenyawwanii qajeelchan qophaa'anii kan taa'an yoo ta'u, isaanis kan of keessa qaban akkaataa dhaabbatichi

a. Fandiiwwanii fi kennaawwan akaakuun kennaman naamusaa fi seeraa eeggaee fuudhuu fi ramadu;

b. Qabeenyawwan isaa bifa naannoof ittigaafatamummaa qabuun itti fayyadamu;

c. Malaanmaltummaa, afanfaajjeessa, walitti bu'iinsa fedhii fi itti fayyadama qabeenyaa sirrii hin ta'in itti ittisuu fi furmaata itti kennu

d. Ooditii itti hojjetu, sirrii ta'uu isaa itti mirkaneessuu fi iftoominaan itti gabaasu;

e. Haallan yaaddessaa ta'an karaa itti fufiinsa qabuun itti qoratu, to'atuu fi furu;

f. Qabeenya fudhachuun walabummaa isaa akka hin laaffisne itti mirkaneessu fa'i.

12 .Jechi "qabeenyawwan" jedhu hiikaa bal'aa inni ibsuun hubatamuu kan qabun yammuu ta'u, kunis tajaajila dhaabbani kennuufi ergama isaa dhuunfata. Kunis Maallaqa, hojjettoota, meeshaalee, yeroo, lafa, biyyoo, bishaan, qilleensa, omisha umamaa fi naannoo kan dabalatu ta'a.

# Viii. Hiikka Jechootaa

SafartuuFurtuu Ijoo kana keessatti jechoota hojii irra oolaniif hiikkaan isaanii kanneen armaan gadii ti:

GaafatamummaaGaafatamummaa: adeemsa aangoo ittigaafatamummaan fayyadamuu, qooda-fudhattoota adda addaaf keessumaayyuu hunda dura qaamolee aangoon kun kallattiin dhiibbaa irratti uumuuf itti gaafatamummaa qabaachuu.

Hawaasaa fi namoota balaan miidhaman: Dubartoota, warreen dhiiraa, shamarranii fi dardaarran kanneen fedhii, walitti bu'iinsaan saaxilamummaa fi dandeettii garaagaraa qabanii fi balaa, , hiyyuummaan ykn rakkoolee biroon naannawa murtaa'e tokko keessatti miidhaman.

Dookimantii: Galmee akaakuu kamiiyyuu kan mariiwwan, waliigalteewwan, murtiiwwan fi/ykn hoj-maataa ilaalchisuun qophaa'ee fi dhihaachuu danda'u.

Bu'a-qabeessummaa: sadarkaa hojiin gargaarsaa tokko kaayyoolee isaa ittiin fiixa baasu.

Gahumsa: Sadarkaa bu'aawwan (outputs) sagantaalee gargaarsa namoomaa tokko galteewwan (inputs) irraa kan ka'e gama qulqullnaanis ta'ee baay'inaatin (qualitative and quantitative) milkaa'uu itti danda'e.

Hawwachuu (Engagement): adeemsa dhaabbileen gargaarsaa qooda-fudhattootaa fi qaamolee fedhii qaban ykn miidhamoo ittiin quunnamanii fi mariisisan akkasumas qaamoleen kun yaaddoowwan, dharraa, eggannoo, fedhii, mirgoonnii fi carraawwan isaan qaban dhaabbaticha, hojiilee hojjetamanii fi qorannoo raawwii sagantaalee keessatti xiyyeeffannaa argachuu isaanii mirkaneessuun hirmaannaa isaanii ittiin horatani.

Hoj-maata Gargaarsa Namoomaa: yeroo balaawwan nam-uumee fi uumamaa muudatanii fi sanaan booda, hojii lubbuuwwan namaa baraaruuf, dararama hir'isuu fi kabaja dhala namaa eegsisuuf jecha raawwatamu akasumas balaawwan sana ittisuu fi itti qophaa'uuf hojii raawwatamu.[13]

Dhaabbata: Qaama seera-qabeessa Istaandaardota Ijoo hojiirra oolchuuf, caasaa fi aangoo qabu tokko.

Michoota: Dhaabbilee galma murtaa'e tokko fiixan baasuuf jecha karaa seera-qabeessa ta'een gamtaa uumuun, gaheewwanii fi ittigaafatamummaawwan ifaan irratti waliigalaan qabatanii hojjetani

Imaammata: Murtii kennamuu barbaadameef qaajeelfamaa galmaa'ee jiru

Eegumsa: Garaagarummaa umrii, saalaa, sabummaa, hawaasummaa, amantii ykn haala biroo osoo hin ilaalin, mirgoonni namoota dhuunfaa kamiyyuu haala guutuu fi walqixa ta'een akka kabajaman hojiilee hojjetaman hunda jechuu dha. Kunis hojiilee lubbuu baraaruu akkuma balaan uumame raawwataman bira dabruun kan hoojjetamani..

Qulqullina: Jechuun guutummaa akaakuu fi amaloota gargaarsa namoomaa akka humna isaatti, yeroodhaan fedhii fi eeggannaa namoota gargaaramanii guutuuf hirpha taasisuu fi ulfina namummaa isaaniillee kan kabaju.

Damdamannaa balaa (Resilience): Hawaasni yookan ummanni balaaf saaxilame tokko dandeettii balaa sana damdamachuu, dhiibbaa isaarraa haala yeroo isaa eegee fi gahumsa qabuun bayyanachuu qabu jechuu dha.

Hojjettoota Dhaabbilee gargaarsaa: Qaamolee dhaabbata tokko bakka bu'anii akka hojjetan ramadaman yoo ta'an, kunis hojjettoota sadarkaa biyyaa, addunyaa yookan dhaabbataa fi yeroodhaaf kan hojjetan akkasumas kanneen tola-ooltotaa fi gorsitoota ta'an hunda dabalata

13 ALNAP keessatti akka ibsametti, Qajeelfama Qorannaa Raawwii Hojii Namoomaa, 2013, fuula 14.

Safartu Ijoon Gragaaarsa Namoomaa, Qulqullinaa fi Gaafatamummaa irratti xiyyeeffate, waadaawwan saglan kan dhaabbilee fi namoonni dhuunfaa deebii namoomaa kennuu irratti bobba'an, qulqullinaa fi bu'a-qabeessummaa gargaarsa isaanii fooyyessuuf itti fayyadamuu danda'an lafa kaa'aa. Kana malees, Gaafatamummaa olaanaan hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif akka ta'u haala mijeessa. Kunis hojiileen dhaabbileen namoomaa hojjechuuf itti dhimmaman, hawaasaa fi namoota balaan miidhamaniif mirga hordofuu kan kennu ta'uu isaa irraa madda.

SafartuuSSafartuun kun akka Safartuu ijootti, hojiileen namoomaa qajeelfamaan hoogganaman, Gaafatamummaa fi qulqullina olaanaan raawwataman, elamantoota murteessoo isaan qaban ibsa. Dhaabbileen Hojii Namoomaa hojjetan, danbiicha akka danbii fedhiin hojiirra oolutti fudhachuun, adeemsawwan dhaabbata isaanii wajjiin walsimsiisanii fayyadamuu danda'u. Kana malees, raawwii hojii mirkaneessuuf akka bu'uuraatti itti fayyadamuun ni danda'ama.

Safartu Ijoon kun bu'aa dhamaatii ji'a 12 ti. Yeroo kana keessatti mariin sadarkaa sadii kan HAP Intarnaashinaal, People in Aidii fi piroojektiin 'Sphere' mijeessan adeemsisameera. Marii kanaanis namoonni dhuunfaa fi dhaabbileen dhibbaan lakkaawwaman qabiyyee Safartuua gadi fageenyaan xiinxalanii, sadarkaa waajjira muummee isaanii fi dirreetti yaalaniiru.

corehumanitarianstandard

@corehumstandard

www.corehumanitarianstandard.org | info@corehumanitarianstandard.org

ISBN: 978-2-8399-1564-9